
# WALDHAANSA ILKAANII, IJAA/ARGII FI WAL’AANSA BILISAA

## SEATTLE/KING COUNTY CLINIC

## EEBILA 24 – 27, 2025 Wiirtuu Seattle keessa







## WAA’EE KILINIKICHAA

- **Baay’ina tikeetiiwwan galmee murtaa’an** ganama sa’aatii 5:30 irratti raambsama, kunis Fishar Paaviloon keessatti kan Giddu-Gala Siyaatilitti argamu (Corner of 2nd Ave N & Lenny Wilkens Way) irratti
- Waldhaansa ilkaaniifi ijaa guyyaa tokkotti argachuu hin dandeessan
- Dursanii galmaa’un hin jiru – **KAN DURSEE DHUFE, DURSEE TAJAAJILA ARGATA**
- Yoo miirri Dhukkubbi isinitti dhagahame **HIN HIRMAATINAA**
- Namoonni afaan hiikan jiru
- Iddoo BILISAAN konkolaataa dhaaban Mercer St. Garage (650 3rd Ave N)
- **Sa’aatii dheeraa turuu waan dandeessaniif nyaata, uffata mijataafi qorichoota guyyaa guyyaan fudhatamu qabachuun of qopheessuun koottaa**

## HUNDUU NI SIMATAMU!

- Nama deeggarsi barbaachisu kan wal’aansa fayyaa argachuu fi/ykn kaffaluu hin dandeenyef
- Dhukkubsattoonni ID yookiin sanadoota gosa kamuu hin barbaadan.
- Dhukkubsattoonni jiraattota Siyaatil ykn King Kaawuntii ta’uun isaanirra hin jiraatu

## TAJAAJILLI HUNDUU BILISA

**ILKAAN:** Wal'aansa dhukkubbii yookiin miira gaarii hin taaneef, ilkaan keessi nyaatamun isaa beekame yookiin shakkameef, irga dhiita'eef, ilkaan cabeef.

**IJA:** Agartuu qorachuu (Vision screening), qorannoowwanfi dubbisa ijaa guutuu, akkasumas fuulleewwan/golgeewwan ijaa ajajuu. Qorannoon ijaa akka hin taasifamneef fuullee/golgee ijaa (eyeglasses) amma itti fayyadamaa jirtan fiduudhan fuulleewwan/golgeewwan ijaa fudhadhaa.

**FAYYAA:** Kunuunsa duraa, X-ray, Maamoogiraamii, ultiiraasawundii, qorannoo lab. filatame, talaaliiwwan, kunuunsa miilaa, gogaa, wal'aansa qaamaa fi hojii (harka, ciqilee), akupaankichara, kunuunsa kaayiropiraaktikaa, fayyaa amalaa, fi kan biroo.

**QABEENYOTA:** Hojii hawaasaa, deeggarsa inshuraansii fayyaan gargaaruu fi kan biroo.

Marsariitii:
**seattlecenter.org/patients**

Imeelii:
**SKCClinic@seattlecenter.org**


Lakkoofsa bilbilaa:
**206.684.7200**

**(DHUMATE)**









Photos © Auston James

**Akkamittan kilinikicha dhaqa?**

- Giddu-Gala Siyaatilitti kan argamu Fiisher Paaviliyoon keessaa tikeetii muradhaa. Fiishar Paaviloon guyyaa hundaa dhukkubsattoota dursanii dhufaniif kan banamu 12:30 AM irratti (kaartaa fi odeeffannoo bal'aa argachuuf seattlecenter.org/patients ilaalaa).
- Osoo hin seenin dura, dhukkubsattoonnii fi namoonni isaan waliin dhufan qorannoo dhukkuba duraa (screening) fayyaa ni taasisu. Namni mallattoolee utaalloo ykn COVID fakkaatu qabu kamiyyuu hin seenu.
- Guyyaa guyyaan sa'aatii 5:30 AM irraa kaasee tikeetiiwwan muraasni ni kennamu. Tikeetichi guyyaa sana qofaafi. Nama tokkoof tikeettii tokko qofa.
- Dhukkuubsattoonni kilinikicha kan seenan tarree lakkoofsa tikeetii isaanitiini.

**Kinikicha Dhaquuf Akkamittan Qophaa'u Qaba?**

*Guyyaa dheeraa ta'uu mala. Ofii keessaniif of kunuunsuf qophaa'aa koottaa.*

- Miirri dhukkubbii yoo isinitti dhagahame **HIN HIRMAATINAA.**
- Nyaata, dhugaatiiwwanii fi qorichoota kamiyyuu guyyaa sanaaf kan isin barbaachisan fidaa koottaa.
- Qorannoowwan laaboraatoorif **HIN soominaa.**
- Wal'aansa ilkaanii argachuuf, nageenyaf jecha dhiibbaa dhiigaa fi giluukosii daangaawwan muraasa keessatti qabaachuu qabdu.
- Wayyaa mijataa uffadhaa.
- **Hirmaattota hundaaf maaskii godhachuun dirqama miti, garuu bakka namni itti baay'atutti godhachuun kan jajjabeefamu yommuu ta'u yeroo wal'aansi tokko tokko taasifamu maaskii godhachuun dirqama ta'uu mala. Imaammanni kun qajeelfama fayyaa hawaasaa irratti hundaa'ee jijjiiramuu danda'a.**
- Bineensota tajaajilaaf leenji'an yoo ta'an malee bineensota manaa qabatanii dhufuun hin hayyamamu.
- Dhukkubsataa umurii 18 gadii ta'eef/taatef maatin ykn guddiftuun seeraa bira jiraachuu qabu. Dargaggoota umuriin isaanii waggaa 13 fi isaa ol ta'aniif kan maatii ykn guddiftuu seeraa hin qunnamneef haalli adda ta'e uumamuu mala. Daa'immaniif wal'aansa gochuuf ogeessi fayyaa addaa daa'immanii jiraachuu dhiisuu mala.

**Namni Afaan Koo Dubbatu Jiraa?**

- Guutuummaa Kilinikichaa keessatti tajaajilli hiika afaanii jira.

**Kilinikicha Ergan seene Booda Maaltu Ta'a?**

- Dhukkubsattoonni Baay'ina guddaa qaban ni jiraatu. **Tajaajilawwan barbaaddan ykn kennaman hundumaa guyyaa tokkotti argachuu dhiisuu dandeessu.** Wal'aansa ilkaanii fi ijaa guyyaa tokkotti argachuu hin dandeessan.
- Tajaajiloota dabalataatif dhukkubsattoonni tikeetii galmee argachuuf guyyaa biraa hiriiranii eeggachuu danda'u.
- Kilinikicha dhaquuf waraqaan ittiin dabartan isiniif kennama. Waraqaan ittiin dabartan kun guyyaa sana qofa Kilinikicha seenuu fi achii bahuuf isin gargaara.
- Maqaa, umurii fi teessoo imeelii kan bu'aawwan qorannoo laaboraatoorii fi/ykn fuulleewwan/golgeewwan dhume itti erginu dabalatee odeeffannoo dhuunfaa bu'uuraa ta'an ni fudhanna.
- Bakka tajaajilaa hundatti (kan ijaa, ilkaanii ykn wal'aansa) akkaataa namni dura dhufe dura tajaajilama jedhuun hiriiran dabaree keessan eeggattu (lakkoofsa tikeetii isa jalqabaarratti hundaa'ee miti).
- Tajaajila argachuuf hiriirarra turtanii osoo jirtanuu keessaa baatanii yeroo dheeraadhaf yoo turtan, bakka hiirira duraan turtan sana wwan hin arganneef yeroo deebitan dhumarra dhaqxanii hiriirtu.

**Tajaajiloonni HIN Kennamne Kam Fa'i?**

**ILKAAN:** Bakka bu'aa ilkaanii ykn ilkaan sobaa (Bridges), yaala wal-xaxoo ta'een ilkaan yaaluu (complex extractions) kanneen akka ilkaan ha'oo isa dhumaa, ilkaanota nam-tolchee, iddoo bu'aa hundee ilkaanii dhaabuu (implants), ortoodoontiksii, hidda ilkaanii yaaluu (root canals) ykn moolarsii, yaaliidhaan tasgabbeessuu (sedation) fi ilkaan addeessuu dabalatee.

**WAL'AANSA (MEDICAL):** Seelii ykn tishuu qaamaa irraa fudhachuu (Biopsies), walitti qabduuwwan lafee (casts), CT iskaanii, meeshaa yaalii madaa walitti qabdu/cuftu (stitches/sutures), talaallii daa'imman umuriin isaanii waggaa 18 gadi ta'eef, MRI'oota, ajajoota haaraa qorichoota fayyaa amalaaf kennamu.

**IJA/ARGII:** Tuttuqqiiwwan, Fuulleewwan/golgeewwan aduu

***Ooppiyoodiiwwan (Opioids) fayyadamuun hin danda'amu ykn hin ajajamu.***

## PARTNERS INCLUDE

141 Eyewear · Amazon · AMN Healthcare · APTA Washington · Arcora Foundation · Bill & Melinda Gates Foundation · CISC · Climate Pledge Arena · DCG ONE
Delta Dental of WA · DentistLink · Dentsply Sirona · Fred Hutchinson Cancer Center · Grousemont Foundation · Gull Industries · HealthPoint · Humana
International Community Health Services · Kaiser Permanente · King County 211 · King County Medical Society · King County Nurses Association · Labcorp
Link to Care WA · Lucky Seven Foundation · Mary Mahoney Professional Nurses Organization · Nashi Immigrants Health Board
National Association of Social Workers - WA Chapter · The Norcliffe Foundation · OneSight EssilorLuxottica Foundation · Opticians Association of WA
Optometric Physicians of WA · Optum Care Washington · Peer Seattle · Philips Healthcare · Project Access Northwest · Public Health – Seattle & King County
Sea Mar Community Health Centers · Seattle Center · Seattle Center Foundation · Seattle Department of Neighborhoods · Seattle Fire Department
Seattle Housing Authority · Seattle Information Technology · Seattle-King County Dental Society · Seattle Office of Immigrant & Refugee Affairs
Seattle Police Department · Seattle Roots Community Health · Snohomish County Dental Society & Foundation · T-Mobile · Underwood Gartland Development
UW Medicine / UW School of Medicine · UW School of Dentistry · Virginia Mason Franciscan Health · Vitalogy Foundation
WA Academy of Eye Physicians & Surgeons · WA Acupuncture & Eastern Medicine Association · WA Association of Naturopathic Physicians
WA Dental Hygienists' Association · WA Healthcare Access Alliance · WA State Chiropractic Association · WA State Dental Association
WA State Department of Health · WA State Medical Association · WA State Nurses Association · WA State Society of Oral and Maxillofacial Surgeons